Dhibeen kun somba beeyladoota qabamanii akkaan hubuu bira dabree faaydaan ala taasisuun gama du'aatti kan geesisuudha.

Re'ee irratti keessattuu albaatii akkaan cimaa albaasuudhan dhangala'aa qaama isaanitii fixuun kan ajjeesuudha.dhibeen kun beeylada qabe irraa gama isaan fayyaatti ariitiin kan darbu waan taheef yeroo gabaabaa keessatti horsiisee bulaa harka duwwaatti kan hanbisuudha. mallattoon isaa biro dafee huqisa.

5. ***Finnoo re'ee fi hoolaa (sheep & goat pox)***

Dhibeen kun sadarkaan ajjeesummaa isaa hammas mara kan himamu tahuu baatus laafisee faaydaan ala kan taasisu dhibee vaayrasii irraa dhufuudha.

6. ***Dhibeele afaan Ingliziitin FMD (foot & mouth disease)***

Kottee fi afaan beeyladaa qabuun midhaa guddaa geessisuun kasaaraa guddaa ummata horatu irra geesuun kan beekamuudha.

Oomishaa fi Oomishtummaa akkasumatti fayyaa beeyladoota eeguun

Dhibeeleen kun horiin isaan qabame soorata nyaachuu dadhabu, ni laafisa, sababa kanaan faaydaa qabeenna kanarraa eeggatamu kan nama hoongessuudha. laafisuu bira dabree du'aafis saaxiluu ni dandaya.

7. **Dhibee lukkuuwwanii kan tahe (Live new castle disease)**

lukkuu irratti hubaatii geesisuun yeroo gabaabaa keessatti miidhaa warra horatu irra geesisa.

Yeroo ammaa akka biyyattiitti mootumaan xiyyeeffannaa guddaa kan kennee fi jiru horsiisni lukkuu humnaa fi maallaqa xiqqaan eegalamee jijjiirama guddaa fiduu kan nama dandeessisu akka tahe beekkamaadha. Keessattuu dargaggoo fi dubartiin hujii kanarratti kaapitaalaa fi human xiqqoon otoo irratti boba'anii kan fayyadu tahuun ni hubatama. Garuu dhibee kana talaalliidhan ittisuu baannaan miidhamni qaqqabuu dandayu guddaa taha. Kanaafuu dhaabbanni keenna oomisha talaallii dhibee lukkuu gosa afurii oomishuun abdii gama kanaa tahee waan jiruuf horsiisee bulaan gama kanaan bobba'an talaalsifatuun baraaramu qabu jenna.

faaydaa biyyattiin gama kanaan argattu haaguddisnuu!

ብሔራዊ እንስሳት ጤና ተቢቃ ኢንስቲትዩት

Inistiitiyuutii Eegumsa Fayyaa Beeylada Biyyoolessaa

Karoora G.T.2ffaa fiixaan ni baafna!



Odeeffannoo dabalataaf 0114338411

Bishoftu

Ogeessa Sub-qunnamtii Inistiitiyuutichaatin kan qophaaye. fuulbaana 2008

Muldhata ergamaa value hujii fi ittigaafatamummaa Inistiitiyuutichaa

Muldhata

Dhaabbata akka adunyaatti morkatummaadhaan talaallii fi dawaa dhibee horii oomishu godhuudha

Ergama

Talaallii dhibee beeyladootaa fi baayoolojikaalota qulqullumaan oomishuudhan dawaa walitti qindeessuu fi gatii walsimaataa taheen dhiheessuu fi damee qonnaatiif deeggaraa tahuun akkasumattis talaalliiwwan gama biyya alaa erguudhan sharafa alaa argamsiisuudhan bu'a qabyyssummaa ofii egsisee itti fufuudha

Duudhaalee

- Tajaajila iftooma qabu fi safisaa tahe kennuu
- Oomishaa fi tajaajila maammila quubsu

Beeyladoota keenna haa talaalsifannuu!

- Hojjataa cimaa fi gaafatamummaan itti dhagahamu
- **Aadaa jijjiiramaa walirraa hin citne**
- **Heeraa fi seera dhaabbatichaatif bitamuu**
- **Qulqullinaaf tattaafachuu**

Dhaabbanni keenna kayyoo fi ergama guddaa akka biyyattiiti fudhate hujitti hiikuu keessatti hujiiwwan muuxannoo waggaa 50 kan qabuudha.

keessattuu bara 1991 as erga dhaabbata misoomaa mootummaa tahuun ijaaramee as guddina yeroo gama yerootti ol adeemu garsiisaa dhufeera.

Haaluma kanaan hujiiwwan gurguddoo

- **oomishaa fi gurgurtaa talaallii dhibee beeyladootaa,**
- **qorannaa dhibee beeyladootaa adeemsisuu**
- **dawaa beeyladootaa qopheessun**

dhaabata akka biyyaa fi Afrikaattis beekamu tahaa dhufeera.

Akaakuu talaallaallii inistiitiyuutiin kun oomishu keessaa hangafoonni

1.Abbaa sangaa **jechaan kan beekamu** (Anthrax vaccine)isa tokko;

Dhibeen kun irra baay'essa beeyladootaa kan hubu yoo ta'u beeylada qabe ajjeesuudhan kan beekamuudha. Dhibeen kun horii yoo qabe yeroo gabaabaa keessatti kan ajjeesu tahuun adda isa kan godhuudha.

2.Dhibee gororsaa horii gaafaa (Bovine pasteurellosis) fi gororsa re'ee fi hoolaa (ovaine pasteurellosis) jechaan kanbeekamuudha.

Moggaasni maqaa isaa akka agarsiisutti mallattoon dhibee kanaa dhibeelee kan birootirraa wanni adda isa godhu horis tahe re'ee fi hoolaa kan gororsuudha.

3.Dhibee abbaa gorbaa (blackleg) jechaan kan beekamu

Dhibeen kun horii gaafaa keessattuu mila isaanii kaduubaa butee qabuudhan akka deemuu hin dandeenne kan godhu, wayta baqaqsanii ilaalan ni gurraattessa, kan irraa ka'us baakteeriyadha.

4. Dhibee sombaa horii gaafaa (contagious Bovine pleuropneumonia ykn CBPP fi dhibee sombaa re'ee fi hoolaa (contagious caprine pleuropneumonia) jechaan kan beekamu.